Irra caalaan Diinaara namichi baasuu Diinaara maatii isaaf baasu, Diinaara namichi karaa Rabbii irratti yaabbii isaaf baasuu fi Diinaara karaa Rabbii keessatti hiriyyoota isaaf baasuudha

Sawbaan irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Irra caalaan Diinaara namichi baasuu Diinaara maatii isaaf baasu, Diinaara namichi karaa Rabbii irratti yaabbii isaaf baasuu fi Diinaara karaa Rabbii keessatti hiriyyoota isaaf baasuudha» Abuu Qilaabaan akkas jedhe: maatiin jalqaban, Ergasii Abuu Qilaabaan akkas jedhe: Nama ijoollee xixiqqoo maatii isaa irratti qabeenya baasu, kan nama kadhachuu irraa tiksu, ykn kan Rabbiin isaan isaan fayyadee isaan duroomsu irra nama kamtu mindaa guddaa qaba?

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gosoota baasii ibsanii, karaan baasii itti baasan garmalee yoo baay’ate, akkaataa irra dirqamaatin ishee qindeessanii, wanta hunda caalaa barbaachisaa ta’ee fi kan itti aanun jalqabaniiru. Qabeenyi mindaa baay’ee qabu isa Muslimni nama isa deeggaruun dirqama irratti ta’e kan akka haadha manaa fi ilmoo irratti baasuu akka ta’e himaniiru. Sana booda yaabbii karaa Rabbii irratti waraanaaf qophaa'ef baasii gochuudha. Ergasii warra karaa Rabbii irratti qabsaa'an hiriyyoota isaa irratti baasii gochuudha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3267